Namni ani waliin jiraadhu COVID-19’n yoo kan dhukkubsate ta’e yoomiin gara hojiitti deebii’uu danda’a? Barreefama

Namni ani waliin jiraadhu COVID-19’n dhukkubsatee jira. Yooman gara hojiitti deebii’uu danda’a? Yoo namni ati waliin jiraattu COVID-19’n dhukkubsate, fayyaa ta’uun sitti dhagayamus ykn COVID-19’f qoratamtee nagaatiivii taatus, qajeelfamoota armaan gadii hordofi.

Supparvaayzari ykn to’ataa hojii keetitti himuu kan dandeessu yoo ta’e, manaa hojjadhu. Yoo bu’uraalee murteessaa ykn dalagaa irraa hafuu hintaane keessa kan hojjattu taatee fi hafuun kee rakkina hojjataa kan uumuu yoo ta’e, maaskii afaanii hidhattee, namarraahille tarkaanfii (fiitii) 6 fagaatuudhaan, hojitti deebi’u ni dandeysa.

Manatti, nama dhukkubsaturraa adda if baasi, meeshaalee mana keessaa kamiiyyuu ykn kan akka bilbila guyyoota 14’f waliin hin qooddatin. Guyyoota 14 booda, akkuma duraaniitti hojiitti deebii’uu nidandeessa.

Miseensi maatii kee hanga fayyanitti fii dhimmoonni armaan gadii hundi hanga dhugaa ta’aniitti, isaan irra adda ofi baasuu itti fufi:

1. Mallattoowwan isaanii, kan akka qufaa ykn hafuurri namatti xiqqaachuun fooyya’utti.
2. Erga mallattoowwan kee eegalanii yoo xiqqaate hanga guyyoota 10 ta’utti.
3. Qoricha/dawaa leydaa namarraa irrisu osoo hinfayyadamiin sa’aatii 24’f leydaa malee turuu

Miseensa maatii dhukkubsatu irraa adda of baasuu kan hindandeenyee yoo ta’e. Hangam mana keessa turuu akka qabdu mari’achuuf hakiima kee, kiliniika ykn fayyaa hawaasaa si waliin quunnamuutti dubbadhu. Waliigalatti, hanga miseensi maatii dhukkubsate fayyuutti fi isaan booda guyyoota 14’f manuma keessa turi.

Yoo mallattoowwan COVID-19n dhukkubsattee, waa’ee qoratamuu irratti hakiima kee ykn kiliniikii naannootti dubbadhu. Akkuma miseensa maatii kee dhukkubsateetti, hanga mallattoowwan dhukkubii kee fooyya’aniitti, erga mallattoowwan kee jalqabanii yoo xiqqaate guyyota 10ta’ee, osoo qoricha ho’a qaamaa hirrisuu osoo hinfudhatiin leeydaan sa’aatii 24’f badullee manuma turi.

Waa’ee COVID-19 irratti odeeffannoo haarawaa argachuuf health.mn.gov daawwadhu.

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

08/10/20

When Can I Return to Work if Someone Living With Me is Sick With COVID-19? (Oromo)

To obtain this information in a different format, call: 651-201-4989